# Gadaa

Kutaa 2

## Kitaaba Barataa





BBO 2013/2020

# Gadaa

**Gorsaafi Qindeessaa**
Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**
Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**
Boruu Jiloo
Dajanee Galataa
Darajjee Fufaa
G/Mikaa'eel Abboomsaa
Kumarraa Nagaash
Olaanaa Tashoomaa

**Gulaaltota:**
Biiftuu Roobii
Diida Jiloo
Duubee Adulaa
Lubaabaa Jamaal
Sulxaan Umaree

**Seecca'oota:**
Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

**Giraafiksii:**
Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsitoota:**
Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2020

Kitaaba kana Biiroon Barnootaa Oromiyaa bara 2013/2020 qopheessee maxxanse.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

## Galata

Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa qophii sirna barnootaa Gadaa kutaa 1-8 keessatti jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuufi qooda fudhachuun gahee olaanaa gumaacheera. Kanaafuu, hojii seena qabeessa biiroo keenya wajjiin ta'uun hojjachuu isaaf galata guddaa qaba.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Boqonnaa 1: Tole Abboo ........................................ 1
Boqonnaa 2 Aadaafi Aad-malee ........................................ 4
Boqonnaa 3: Hokkola Saree ........................................6
Boqonnaa 4: Himan Didduu........................................10
Boqonnaa 5: Hiibboo ........................................13
Boqonnaa 6: Faaruu Loonii ........................................18
Boqonnaa 7: Dabballee ........................................21
Boqonnaa 8: Faayaafi Mallattoo Dabballee ........................................23
Boqonnaa 9: Faaruu Dabballee ........................................25
Boqonnaa 10: Aannan ........................................27
Boqonnaa 11: Faaruu Mukaa ........................................29
Boqonnaa 12: Gamnummaa ........................................32
Boqonnaa 13: Mammaaksa Abbaafi Haadhaa ........................................34
Boqonnaa 14: Buna Qalaa ........................................36
Boqonnaa 15: Eebba Abbaafi Haadhaa ........................................39
Boqonnaa 16: Ollummaa ........................................43
Boqonnaa 17: Namicha Galfata Nyaate ........................................45
Boqonnaa 18: Siinqee ........................................47
Boqonnaa 19: Horooroo ........................................51
Jechibsoo........................................54

# Boqonnaa 1

## Tole Abboo !

| Liiban | Caaltuu |
|---|---|
| As natti siqii | Tole Abboo |
| Gurra naaf kennii | Tole Abboo |
| Waan Oromiyaa | Tole Abboo |
| Sittan odeessaa | Tole Abboo |
| Madda Walaabuutii | Tole Abboo |
| Bariidhaan ka'ee | Tole Abboo |
| Saannateen ba'ee | Tole Abboo |
| Jeedala diimtuu | Tole Abboo |
| Achittan argee | Tole Abboo |
| Yaa bareedashee | Tole Abboo |
| Arsiittan goree | Tole Abboo |
| Micciirraa nyaadhee | Tole Abboo |
| Way mi'aa isaa | Tole Abboo |
| Gujiitti ceenaan | Tole Abboo |
| Dardarri Gujii | Tole Abboo |
| Warqee barbaadaa | Tole Abboo |
| Ittan makamee | Tole Abboo |
| Warqee argannee | Tole Abboo |
| Maal qabna yaadaa | Tole Abboo |

| | |
|---|---|
| Booranan deemee | Tole Abboo |
| Eebban fudhadhee | Tole Abboo |
| Eebba hangafaa | Tole Abboo |
| Gabrattan goree | Tole Abboo |
| Gaalan yaabbadhee | Tole Abboo |
| Jimmaanan ga'ee | Tole Abboo |
| Buna koon dhugee | Tole Abboo |
| Iluuttan goree | Tole Abboo |
| Damma muuxadhee | Tole Abboo |

| | |
|---|---|
| Wallaggan ce'ee | Tole Abboo |
| Warqee maramaa | Tole Abboo |
| Nabadhaasanii | Tole Abboo |
| Qubat kaayadhee | Tole Abboo |
| Matakkal Ce'ee | Tole Abboo |
| Cumboon cuffadhee | Tole Abboo |
| Raayyaattan goree | Tole Abboo |
| Raayyaan Raayyumaa | Tole Abboo |
| Achittan baree | Tole Abboo |
| Walloonis deemee | Tole Abboo |
| Odaa Garaadoo | Tole Abboo |
| Jalan boqadhee | Tole Abboo |

| | |
|---|---|
| Karrayyuu dhaqnaan | Tole Abboo |
| Gunfura filuu | Tole Abboo |
| Gootummaan isaanii | Tole Abboo |
| Namatti toluu | Tole Abboo |
| Hawaasiin darbee | Tole Abboo |
| Harargeen bu'ee | Tole Abboo |
| Jaalalli dhugaa | Tole Abboo |
| Achitti margee | Tole Abboo |
| Achirraa ka'ee | Tole Abboo |
| Farda Yaabbadheen | Tole Abboo |
| Shawaa naanna'ee | Tole Abboo |
| Handhuura Oromiyaa | Tole Abboo |
| Finfinneen galee | Tole Abboo |

## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Finfinneen handhuura Oromiyaati. (Dhugaa/soba)
2. Liiban Booranaa maal fudhate?
3. Namichi Shawaa keessa maaliin deeme?
4. Nyaataafi dhugaatiin tapha keessatti kaafaman maal fa'a?

## Gilgaala 2

Tapha ijoollee beektu yookiin maatii gaafadhuu dareetti fidii hiri-yyoota kee waliin taphadhu.

# Boqonnaa 2

## Aadaafi Aad-Malee

| Aadaa | Aad-malee |
|---|---|
| Dhugaa dubbachuun aadaa. | kijibuun aad-malee. |
| Manguddoo kabajuun aadaa. | Manguddoo kabajuu dhabuun aadmalee. |
| Gorsa maatii dhaga'uun aadaa. | Gorsa maatii diduun aadmalee |
| Qulqullina ofii eeggachuun aadaa. | Qulqullina eeggachuu dhabuun aadmalee. |
| Biqiltuu dhaabuun aadaa | Biqiltuu kunuunsuu dhabuun aadmalee. |

**Gilgaala 1** Aadaafi aad-malee adda baasuun qubee isaa gabatee keessatti barreessi.

A. Namni nama waamnaan diduu

B. Galaa waliin nyaachuu

C. Mari'atanii, walii galanii hojjechuu

D. Nama kufetti kolfuu

E. Ofittoo ta'uu

F. Waliin hojjachuu

| | Aadaa | Aad-malee |
|---|---|---|
| 1 | | |
| 2 | | |
| 3 | | |

## Gilgaala 2

Gochoota aadaafi aad-malee ta'an biroo maatii gaafadhuu dareetti himi. Maaliif akka 'aadaa' yookiin 'aad-malee' ta'anis ibsi.

a) ____________________________

b) ____________________________

c) ____________________________

d) ____________________________

# Hokkola Saree



| Tibbeesso | Daa'imman |
|---|---|
| Ammayye Ammayyee | Ammayyee |
| Ammayye Ammayyee | Ammayyee |
| Ammayye Ammayyee | Ammayyee |



Asii waraabuu? Boyyeetu itti du'e!

Asii waraabuu? Sareetu itti du'e!

Asii waraabuu? Harreetu itti du'e!

Asii waraabuu? Bishaan qarsaa waraabi!



## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Hokkolli saree nama meeqaan taphatama?
2. Uleen tapha kanaa maal ibsa?
3. Halangeen maal bakka bu'a?

# Gilgaala 2

Tapha kana fakkaatu kan naannoo keetti beektu yookiin maatii gaafadhuu daree keessatti hiriyyoota keetti himi. Waliinis shaakali.

# Himan Didduu



Durdur waraabeyyiin jaha bosona keessa waliin jiraachaa turan. Shan dargaggeeyyii yoo ta'an; tokko immoo jaarsa ture. Gaafa tokko, beela'anii soorata barbaaddacha osoo deemanii sangaa hallayyaa bu'ee bahuu dadhabe argatan. Warri dargageeyyii sun hallayyaa bu'anii nyaachuu fedhan.

Jaarsichi garuu sangichi hallayyaa seenee ba'uu akka dadhabe itti himuun akka hinbuune akeekkachiise. Isaan garuu didanii seenuun sangicha nyaatan. Guyyaa biroo, waraabessi yoo jaarsichi achiin darbu, waraabeyyiin shanan karaa bahan dhabanii achi keessa ijaajju.

“Maal nuu wayya? ba’uu dadhabnee, beellis nu fixee” jedhanii jaarsa waraabessaa gaafatan.

Isinitti “Himnaan diddanii, afur ta’aa tokko nyaadhaa,” jedheen.

Afur ta’anii tokko nyaatan. Ammas guyyaa biroo jaarsi dhufnaan gaaffii wal fakkaatu gaafatan.

“Sadii ta’aa, tokko nyaadhaa,” jedhee biraa sokke. Osomaa wal nyaatanii lama hafan.

“Amma hoo maal nuu wayya?” jedhanii gaafatan.

“Kan caalu haa nyaatu,” jennaan waraabessi jabaan isa laafaa nyaate. Guyyaa biroo ammoo “Amma hoo maal naa wayya?” jedhee gaafate.

Himan didduun; du’a hindidduu, atis taa’ii du’a eeggadhu!” jedheen jedhama.

## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Gorsa diduun miidhaa akkamii qaba?
2. Dubbisa kana irraa maal baratte?

3. Gorsi jaarsaa maal fayyada?

4. Waraabeyyiin shanan osoo gorsa jaarsaa dhaga'an ta'ee maal ta'u turan?

5. Garaagarummaan jaarsaafi dargaggeessaa maali?

**Gilgaala 2** Gabatee keessaa filadhuu bakka duwwaa guuti.

| | |
|---|---|
| Sangaa | jaarsa waraabessaa |
| gorsa jaarsaa | waraabeyyii shanan |

Waraabeyyiin shanan akka hallayyaa hinseenne kan gorse (1) __________ ti. Gorsa didanii (2) __________________ hallayyaa seenanii achitti dhuman. Utuu (3) _________ diduu baatanii isaanis, du'a irraa hafu turan. Kanaafuu, gorsa dhaga'uun du'aa nama oolcha; himan didduun, du'a hindiddu jedhama.

# Boqonnaa 5

## Hibboo



Gadaa: Hibboo

Oromiyaa: Hibib/Hibbakka

Gadaa: Walumaan nyaannaa; maaf huqqatta?

Oromiyaa: Nan qoradha, nan soqadha.

Gadaa: Qoradhu! Soqadhu!

Oromiyaa: Fiigaa? Dhiigaa?

Gadaa: hinfiigu; hindhiigu?

Oromiyaa: Ala gala moo? mana gala?

Gadaa: mana gala

Oromiyaa: Utubaa

Gadaa: Hinarganne.

Oromiyaa: Eelee

Gadaa: Hinarganne. Biyya naa kenni!

Oromiyaa: Jimmaan fudhadhu! Dammaan si qabe!

Buna afaan si kaa'ee;

nan hinarrabsiin.

Gadaa: Jimmaa koo argadhee maalan dhaba,

Aannaan qe'ee keessa na yaa'a,

Bunni oyruu na jira,

An sin hinarrabsuu,

Waaqni diina kee haa caccabsuu,

Hiddi walitti nu jiraa,

Kanumaafan siif hilaa.

Deebiin; Fal'aana.

**Gilgaala 1**

Hibboowwan lamaan armaan gadii dubbisii bakka duwwaa guuti.

1. Tolashii: Hibboo!

Ayyaantu: Hibib!

Tolashii: Karaan Gibee naannoo, naannoo!

Ayyaantu: ___________________________.

Tolashii: Lubbuu hinqabu.

Ayyaantu: ___________________________.

Tolashii: Mana gala.

Ayyaantu: Foksoo/Fossoo

Tolashii: Hinarganne.

Ayyaantu: Boojjitoo

Tolashii: Hinarganne

Ayyaantu: Karaan Gibee, naannoo naannoo ... Gundoodha.

Tolashii: Argatte.

2. Boruu: Hibboo

Waaqooo: Hibib

Boruu: Gamaan gaara;

gamanaan gaara;

gidduun farda magaala.

Waaqoo: Lubbuu qaba moo hinqabu?

Boruu: ____________________.

Waaqoo: Ala moo mana gala?

Boruu: Ala gala.

Waaqoo: Qe'ee moo hurufa jira?

Boruu: Hurufa.

Waaqoo: Riqicha.

Boruu: ___________________________.

Waaqoo: Fudhu.

Boruu: Maal fudhu? Guutii naa kenni.

Waaqoo: Fantaallee siif kenne.

Boruu: ________________.

Waaqoo: Adaamaa fudhu.

Boruu: Adaamaa koo argadhee maalan dhaba,

Lafa tiyya itti faladhee, itti qaladhee,

Uchuma itti buufadhee, Xiribbaa dhaabbadhee

Itti dhibaafadhee, gosa goshoon gayadhee,

Harooressaan bobbaafadhee, haroo Waaqaa obaafadhe.

Moonaa tiyya kormatu bookkisa, moonaa keetii jinniitu wal boochisa.

Fardi kooraan hindannabsu, Kana caalaa si hinarrabsu,

Fardi buudaan dhiitee, Lafa jala si haa dabarsu.

Deebiin: laga yookiin galaana.

## Gilgaala 2

Hibboowwan armaan gadii dabareen taphachuun deebii walitti himaa.

1. Wal maddii teessi, wal hinagartu.
2. Ana nawaamanii, ati maaf nafaana kaatta?
3. Ofii hin nyaatu; namaa hinlaatu; foon matatti baata.
4. Godoo gamaa, balbalti ishee lama.

## Gilgaala 3

Akkaataa hibboon itti hibbifatamu kan beektu yookiin maatii gaafadhuu dareef ibsi.

# Boqonnaa 6

## Faaruu Loonii



Loon wayya loon wayyaa,

Loon wayya loon wayyaa;

Loon eessuma gatuu?

Isaan gurruu darratuu,

Dibatan miidhaagsoo,

Dhugan qabbaneessoo;

Yoo jiraatan loonii,

Yoo du'anis foonii;

Foon irbaata ta'aa;

Gaafii waancaa ta'aa,

Kotteen finjaala ta'aa,

Gogaan itilleedhaa,

Dikeen xaa'oo ta'aa.

Loon eessuma gatu!

Saawwan gaafa kiyyoo,

Ittiin kooru malee,

Dhimmaaf oolchu malee,

Loon maal isaa gaturee!

Dhuguma loon wayya aabboo!

Dhugumaa loon wayya aabboo,

Ishoo!

## Gilgaala 1

Jechoota gabatee keessaa filadhuu bakka duwwaa guuti

| | | |
|---|---|---|
| itillee | finjaala | xaa'oo |
| waancaa | dibata | irbaata |

1. Foon loonii bakka ____________ ta'a.
2. Gaafa loonii irraa _____________tu tolfama.
3. Dikee isaanii ________________ ta'a.
4. Dhadhaan _______________ oola.
5. Kottee loonii irraa ____________tu tolfama.
6. Gogaan loonii __________________ ta'a.

## Gilgaala 2


Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Oromoon maaliif loon faarsa?
2. Loon wayya maaliif jedhame?
3. Faayidaan loonii faaruu kana keessatti ibsame maal fa'i?

# Boqonnaa 7

## Dabballee





Dabballeen gulantaa sirna Gadaa keessaa isa jalqabaati. Umriin ishee guyyaa dhalattee hanga waggaa saddeetii gidduutti argama. Daballee maqaa masoon waaman malee maqaa hinmoggaasaniif. Akkasumas koorniyaa dubartiin waamuun mararteefi jaalala Dabballeef qaban ibsu. Oromoon Daballeef eegumsaafi kunuunsa hedduu taasisa. Kana jechuun Daballeen qananiidha; hindhaanan, hinbeelessan. Akkasumas, hinrifaasisan, sagalee guddaan itti hiniyyan. Kittaa yookiin qomee itti uwwisu. Rifeensa Dabballee guduranii elellaan faayu malee irraa hinhaadan.

Mormatti bilbila, callee, mudhiitti maxaanxee hidhaniif. Dabballeen hiriyyoota ollaa waliin taphatti. Gaafa Dabballeen waggaa saddeet guuttu, jila gubbisaa qopheessaniif. Rifeensa irraa haaduun, maqaa moggaasanii loon kennaniif. Jila kana raawwachuun sadarkaa Dabballee irraa gara Gaammee xixiqqaatti ceesisu.

## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Dabballeen Sirna Gadaa keessaatti gulantaa meeqaffaadha?
2. Dabballee akkamiin kunuunsu?
3. Dabballeen maaliin adda baafamti?
4. Daa'imni umrii Dabballee naannoo keetti maal maal hojjetti?

## Gilgaala 2

Dabballee maaliif akka kunuunsan yoo beekte yookiin maatii gaafadhuu dareef ibsi.

# Boqonnaa 8

## Faayaafi Mallattoo Dabballee



Sirna Gadaa keessatti Dabballeen faayaafi mallattoo ittiin beekamtu qabdi. Faayaaleen kunis; elellaan, bilbila, callee, kittaafi maxaanxee fa'a. Akkasumas, Dabballeen mallattoolee addaa ittiin beekaman qabdi. Guduruu dheereffachuun elellaan mata irratti hidhatti. Maxaanxee mudhii irratti hidhachuun bilbila morma irratti godhatti. Kana malees faccee harka irratti hidhatti.

## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Mallattoon Dabballee maal maal fa'i?
2. Dabballeen guduruu irratti maal hidhaatti?
3. Faayi Dabballee maal maal fa'a?

## Gilgaala 2

Naannoo keetti faayaafi mallattoo daa'imni ittiin beekamtu kan beektu yookiin maatii gaafadhuu dareetti himi.

# Boqonnaa 9

## Faaruu Dabballee



Dabballee lasoo oolchaan silgaa!..............................Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

Dabballee lasoo oolchaan silgaa!..............................Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

Dabballumni marree oolchaan silgaa! ......................Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

Kanaanaan si dabree oolchaan silgaa!.......................Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

Kichallaa Gadaan itti galtee oolchaan silgaa! ........ Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

Aannaniin guddattee oolchaan silgaa ................... Dabballee lasoo oolchaan silgaa!

| | |
|---|---|
| Maaf hindaawanne dhalattuu | Maaf hindaawwannee! |
| Kichallaa | Maaf hindaawwannee! |
| Malqaqqaa | Maaf hindaawwannee! |
| Dabballee | Maaf hindaawwannee! |

## Gilgaala 1

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Jechi silla (silga) jedhu hiika akkamii qaba?
2. Nyaanni yookiin Oolchaan Dabballee maali?
3. Naannoo keetti Dabballee maal jedhanii faarsan?

## Gilgaala 2

Faaruu Dabballee naannoo keetti faarfamu kan beektu yookiin maatii gaafadhuu dareetti faarfadhu.

# Boqonnaa 10 Aannan





Oromoon horiif kabaja guddaa qaba. Horii isaa irraa bu'aalee adda addaa argata. Bu'aalee horii keessaa inni tokko aannani. Jila Gadaa keessatti aannan iddoo olaanaa qaba. Aannan mallattoo jaalalaa, eebbaa, qabbanaa, obsa, nageenyaafi milkiiti. Fakkeenyaaf, warri jila qopheeffatan aannan mijuu naqatanii eebbifatu. Dabalataanis, yeroo durba ilaallannaaf deeman dubartii aannan elmitu yookiin baattee deemtu yoo argan mallattoo milkii gaariiti. Kana malees, aannan yoo itite dhadhaa ba'a; ilmi namaas yoo obse bakka yaade ga'a. Kanaaf Oromoon, "Obsaan aannan goromsaa dhuga," jedhee mammaaka.

Kan biroon, immoo aannan mallattoo waan qulqulluuti. Namoota wal-lolan yoo araarsan qabee tokko keessaa aannan al-tokkotti akka dhugan taasifama. Kunis, aannan mallattoo nageenya buusuu ta'uu isaa mul'isa.

## Gilgaala 1 Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Qabee tokko keessa aannan al-tokko dhuguun maal ibsa?
2. Aannan maal agarsiisa?
3. Jila irratti aannan maaliif fayyadamu?

## Gilgaala 2

Naannoo keetti aannan jila keessatti maal akka ibsu maatii kee gaafadhuu hiriyyoota keetti himi.